**Mata Duree Pirojektii:** Lammiilee Itoophiyaa Awurooppaa Irraa Gara Biyyatti Galaniif Deggersa Walitti Fufiinsa Qabu Gochuu
**Hoji Raawwattu:** Ejansii Dhimma Godaantotaa fi Lammiilee Biyya Alaarraa Deebi'anii, Waajjira Bulchiinsa Pirojektii Lammiilee Biyya Alaarraa Deebi'an Deebisanii Dhaabuu (EDHGLBAD DDI WBP)
**Dhaabbata Deggarsa Maallaqaa Godhu:** Gamtaa Awurooppaa (GA)
**Yeroo Turtii Pirojektii:** Waggaa Sadii (3) (Caamsaa 2018 hanga Ebla 2021 tti)

**Fayyadamtoota Kallattii:**

1. Godaantoota Itoophiyaa biyyoota miseensa Gamtaa Awurooppaa ta'anii fi Noorweyii fi Suwiizerlaandii irraa gara biyyaatti deebi'an;
2. Gareewwan hawwaasa naannoo saaxilamoo filataman;
3. Seektarootaa mootummaa sadarkaa naannoo fi federaalaatti dhimma namoota biyya alaarraa deebi'an deebisanii ijaaru irratti aangaawan, keessumaa naannolee kanniin akka naannoo Amaaraa, Oromiyaa, Uummattoota Kibbaa, Somaalee, Tigiraayii fi Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee.

**Kaayyoo Pirojektichaa**

1. Lammiilee Awurooppaa irraa gara biyyaatti deebi'an bifa walitti fufiinsa qabuun deebisanii ijaaruuf deggersa dinagdee, hawaasummaa fi xin-sammuu sadarkaa dhuunfaa fi hawwaasaatti hawwaasa isaan keessa jiraatan keessatti taasisuu;
2. EDHGD fi qooda fudhattooni biroon ergama deebisanii dhaabuu ilaalchisee qaban haala quubsaan akka hojiirra oolchaniif dandeettii dhaabaa fi tekiniikaa issaani gabbisuu

**Adeemsa gara biyyaatti deebi'uufi projektichati simatamuu**

**Sadarkaa 1ffaa**

Biyyoonni miseensa Gamtaa Awurooppaa ta'an dhimma lammilee biyyaa alaarraa deebi'an mootummaa Itoophiyaatiif dhiyeessu. Achiin booda mootummaan waraqaa ittiin darban kennaaf.

**Sadarkaa 2ffaa**

**Ministeerri Haajaa Alaa odeeffannoo lammilee biyyaa alaarra deebi'an EDHGLBAD DDI WBP tiif keennaa.**

- Lammiileen gara biyyaatti deebi'an deebi'uu isaaniin dura Ministeerri Dhimma Haajaa biyya alaa galmee deebitootaa gara EDHGLBAD DDI WBP tti qajeelcha, ragaalee garaagara barbaachisoo ta'an kan akka liisee-paasee fi/ykn paaspoortii (waraqaa heyyama gara biyyaa ittin seenan), xalayya Imbaasii waa'ee lammii deebi'uu ibsuufi ragaalee barbaachisoo garaagara ta'a;
- Odeeffannoo lammiilee deebi'anii yeroo biyya jiran irraa itti ka'aniifi yeroo itti biyya ga'an, odeeffannoo fedhii addaa deebitootaa dabalate odeeffannoon jiru DHHBAtiin EDHGLBAD DDI WBP tiif gabaafama.

**Sadarkaa 3ffaa**

**EDHGLBAD DDI WBPn namoota biyya alaa irraa dhufan Buufata Xiyyaaraa waltawaa Booleetti simatee galmeessa.**

- Battaluma lammiileen gara biyyaatti deebi'an buufata dirree xiyyaaraa qubatanitti hojjettoonni simannaa EDHGLBAD DDI WBPn simachuun calallii barbaachisu tasiisuun galmee gaggeessu;
- Calallii jalqabaarratti hunda'uun lammiileen deebi'an deggersa geejjibaa buufata xiyyaaraa irraa gara buufata yeroof qophaa'e ykn gara buufata fayyaatti (lammiilee gargaarsa fayyaa isaan barbaachisu) caasaa dhaabbatoota fayyaa walii galteen waliin tasiifameetti fayyadamuun ergu.

**Sadarkaa 4ffaa**

**Gargaarsa buufata yeroo keessatti kennaman**

- Lammiileen deebi'an kan gargaarsa fayyaa hin barbaachifne kallattiidhuman gara buufata yeroo gabaab aaf Finfinnee keessatti qophaa'eti geefamu;
- Buufata yeroo kana keessatti lammiilee deebi'aniif gargaarsi nyaataafi dhuugaatii, bakka bultii, meeshaalee qulqullina qaama ittin eegatan, qorannoo fayyaa, gorsa xin-sammuufi gorsa haala ittin deebi'anii qubatan yoo baayyateef guyyaa sadiif (3) ni kennamaaf.

**Sadarkaa 5ffaa**

**Gargaarsa geejjibaafi bakka turtii yeroo gabaabaaf kan gargaaru lammiileen deebi'an hundi gara qe'ee isaaniitti akka deebi'an taasisu**

- Gargaarsa geejjibaafi bakka turtii yeroo gabaabaa kanaaf gargaarsi maallaqa callaa lammiilee deebi'anii dhufaniif ni kennama;
- Lammileen deebi'an kan Finfinnee, magaalota biro Finfinnee irra KM 400 keessatti argamaniifi kanneen KM 400 olitti aragman akka duraafi duuba isaaniitti EURO 60, 100fi 150 kan madaalu qarshii Itoophiyatiin ni kennamaf.

**Sadarkaa 6ffaa**

**Lammileen deebi'an Finfinnee keessatti tajaajila xin-sammuufi hawaasumma akkasumas tajaajila fayya ni argatu**

- Battaluma buufata xiyyaaraa/bakka turtii yeroo gabaabaa ga'anitti lammiileen rakkoo fayyaa/xin-sammuu yaaddessaa ta'e qaban gargaarsa hatattamaa hanga ji'a ja'aaf turu maatii isaanii/gara hawwaasa keessaa deemaniitti deebi'uun dura ni fudhatu;
- Lammiileen gara maatii/hawwaasa keessaa deemanitti deebi'uuf rakkoo qabaniif gargaarsi kiraa manaa yoo baayyate ji'a sadiif kan turu ni kennamaaf. Haata'u malee, gargaarsi kun ulaagaa EDHGLBAD DDI WBPn hordofuun adda bahe kennama.

**Sadarkaa 7ffaa**

**Deggarsa itti fufiinsaan deebisanii ijaaruu sadarkaa naannooofi aanaatti kennamu**

- Lammiileen deebi'an tajaajila eegumsa nageenya sammuu, gargaarsa gorsaafi daawwaa dabalatee sadarkaa naannoofi aanaatti dhuunfaadhan ni argatu. Haata'u malee, gargaarsi akkasii kun kan kennamu lammiilee deebi'an kan tajaajila nageenya sammu hordofaa turaniifi wallansaa itti fufiinsaa kan barbaadan yoo taa'anii argamaniidha;

- Lammiilee deebi’aniif kan fedha barnoota isaanii itti fufuu qaban projektichi baasii kaffaltii barnootaafi dhiyeessa meeshaalee barnootaan wal qabatan ni deggera. Haata’u malee, gargaarsi kun ulaagaa EDHGLBAD DDI WBPn hordofuun adda bahe kennama.
- Leenjiwan gaggabaaboo kan akka interpiraayiizii ijaarsa, qabiinsa maallaqafi leenjii ogummaa hojii garaagaraa lammiilee deebi’aniif ni kennama;
- Leenjiwwaan barbaachisoon erga raawwatamanii booda lammiileen deebi’an akka fedha isaaniitti dhunfaan ykn gareen ta’aani karoora hojii baafachuun projekticharraafi mootummaa irraa deggersa kallattii fudhachuun gara hojiitti ni seenu;
- Projektichi karoora hojii qophaa’e ni madaala, bittaalee hojichaaf barbaachisan bituun ni raabsa, akkasumas hojii eegalame irratti hordoffi ni taasiisa;
- Baasiin lammii deebi’e tokkoo (ga’eeyyii qofa) hojiitti seensiisuuf bahu EURO 3,000.00 caaluu hin qabu. Maallaqni kun immoo kallattiin kan bittaa meeshaalee hojii kanaaf barbaachisu irra oolu malee bifa kamiinu maallaqa callaan kan hin kennamne dha;
- Lammiin deebi’e hojii eegaluuf haal duree barbaachisan kan akka heeyyama daldalaafi kan biroo qaama mootummaa irra argachuu qaba.

**Gargaarsa deebisanii ijaaruu kan projektichaa keessati hin hammatamne**

- Bittaa meeshaalee fayidaa dhuunfaaf oolaniifi kanneen hojii hojjetamu faan wal hin qabanne;
- Tajaajilawwan qaama mootummaatiin kennaman. Garuu yoo tajaajilli kun hanqina qulqullinaa qabaate/ bakka lammiin deebi’e jirutti hin argamu ta’e ni kennama;
- Baasii taatewwan dhuunfa kan akka fuudhaafi heeruma, kaffaltii liqii ykn baasii dhuunfaa kamuu.

**Gargaarsa deebisaanii ijaaruu argachuuf maaltu godhamuu qaba?**

- Lammiin deebi’ee dhufe kamiyyuu waajjira projektii buufata xiyyaara waltawa Booleetti aragmu, waajjira projektii deebisanii dhaabuu sadarkaa naannootti argaman ykn waajjira wabii nyaataafi hojii uumuu aanaa irra jiran dhaquun of beeksisuu qaba. Adeemsi kun kan ilaalatu warren adeemsa projektii isa jalqabaa hordofee hin dhufne ta’a;
- Waajjirri wabii nyaatafi hojii uumuu aanaa irra jiran odeeffannoo lammiilee deebi’ani giddu gala lammiilee deebisanii ijaaruu sadarkaa naannoo jiru gurra buusa. Giddu galli kunis do’annaa lammiilee deebi’ani qaamaan argamuun ni taasisa;
- Lammiileen deebi’an projektii kana bilbilaan, ergaa elktiroonikisiitin ykn qaamaan quunnamuu ni danda’u. Yeroon hojii projektichaa Wiixataa hanga jimaatatti ganama keessa sa’a 2:30 – waaree booda 11:30tti ta’uulle kutaan simannaa lammiilee deebi’an irratti hojjetan garuu torban guutuu sa’a 24iif dirree xiyyaara Boolee taa’uun simannaafi gargaarsa hatattamaa taasisuuf qopha’anii taa’u;
- Lammiin deebi’e kamuu haala itti deebi’ee qubatu irratti maree geggeesuun karoora isaa/ishee hojiirra oolchuu qaba;
- Lammiin deebi’ee dhufe hundi maallaqni isaaf/isheef ramadame ji’a 12 keessatti hojii irra akka ooluuf waajjira projektii ykn qooda fudhattoota biro waliin hariiroo gaarii qabaachuutu isaaf/isheef mala. Haata’u malee, yeroon murtaa’e kun haala saaxilamuumma lammii deebi’ee dhufuuf fedhii garaagara irratti hunda’uun dheerachuu ni danda’a.

**Odeeffannoo karaa Pirojektii ittin quunaman**

Ejansii Dhimma Godaantotaa fi Lammiilee Biyya Alaarraa Deebi’anii, Waajjira Bulchiinsa Pirojektii Lammiilee Biyya Alaarraa Deebi’an Deebisanii Dhaabuu (EDHGLBAD DDI WBP)


Teessoon:
Finfinnee, Kutaa Magaalaa Yekkaa, Aanaa 09, Daandii 9_2425, Lakk. Manaa: B42_19, daandii guddicha Maganaanyaa irraa gara marfata Saalite Mihirat dhaquun gara hoteela Demitiritti bitaatti jalachuun hoteela Solo Te biratti argama.

L.S.Poostaa:
84, xiyyeefannoon Bulchiinsa Pirojektii Lammiilee Biyya Alaarraa Deebi’an Deebisanii Dhaabuuf, Finfinnee, Itoophiyaa

Lakk.Bil:
+251-111-872-0366, +251-111-854-8635, +251-111-872-1376
Imeelii: info.rrpmo@arra.et
Faaksii: +251-111-156-0734
Marsariitii: www.arra.et

Odeeffannoo qaama buufata xiyyaaraa waltawaa Booleetti quunama-mu
Odeeffannoo hojjetaa:
Obbo Radi’eet Biraanuu, EDHGLBAD DDI WBP
oggeessa simannaafi gargaaraa galme qabaa
Lakkofsa bilbilaa: +251-911-55-5272



Implemented by ARRA

Funded by the European Union


# Qajeelfama Deggarsa Deebisanii Dhaabuu Lammilee Biyyaa Alaarra Deebi‘an




## Deggarsa Waliitti Fuufinsa Deebisanii Dhaabuu




Hubachiisa:-
Barruun odeefannoo kun kan qoopha’ee gargaarsa maallaqaa Gamtaa Awurooppaatiin yoo ta’uu. Itti gaafatamummaan qabiyyeewwan barruu kana keessatti ibsaman kan Ejansii Hojii Raawwatu: Ejansii Dhimma Godaantotaa fi Lammiilee Biyya Alaarraa Deebi’anii, Waajjira Bulchiinsa Pirojektii Lammiilee Biyya Alaarraa Deebi’an Deebisanii Dhaabuu (EDHGLBAD DDI WBP) ti malee kallattiidhaan ilaalcha yookaan yaada Gamtaa Awurooppaa kan calaqqisiisu miti.